

## Mammaaksota Oromoo Qubee “S” n Jalqaban.

- 1 Sa'aa eegee hin qabne cirriin hin sodaattu
- 2 Sababa jette ballaan farda yaabdee.
- 3 Salphinni abbaa lafaa bara midhaan bade.
- 4 Salphoo soqolatte, soqolaa gargaaru
- 5 Sangaa ofiinuu alba'u eegee qabdee raaftaa? jedhe manguddoon oromoo
- 6 Sangaan bara qote hedata
- 7 Sangaan biyya ofiitti bookkisu, biyya ormaatti ni mar'ata.
- 8 Sanyii ibiddaa daaratuu nama guba.
- 9 Sanyiin buqqee miiciraantu hadhaa'a
- 10 Sanyiin waan facaasan magarti.
- 11 Saree adeemtuu dill'uu goromsaatu darba.
- 12 Sareen namaan buluuf udaan namaa nyaati.
- 13 Sareen sarbaa hinqabdu mukarbaa hinyaabbattu.
- 14 Saroonni walnyaatti kan ishii nyaatu hin argan
- 15 Silaa dhufa hin ooluu, kajeelaa dura waami
- 16 Sinbira lubbuuf kaattu ijoolleen tapha seeti.
- 17 Sirbaaf dhufanii morma hin qusatan
- 18 Soddaa jiruu sanuu balbala jiruu wal hin lolan!
- 19 Soogidda ofii jettu mi'aayi anaa jettu dhagaa tahi.
- 20 Sossobbiin madaa hin foyyessu
- 21 Surree namaa ergisani irra hin taa'inii hin jedhani
- 22 Suuraan gaariin abbaa fakkaata.

- 23 Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti
- 24 Suuta ejjatan suuta qoreen nama woraanti.